# 1 Jagamaa Badhaanee

Arnboon maqaan yommuu dhahamu, yeroo baay'ee gooticha waa'ee faalama qilleensa Oromiyaa irratti ta'ee , gammoojjiin hammaachaa deemuushee iyyaa turee fi gubachuu Bosona Baaleef garmalee gaddaa ture, Jaagamaa Badhaaneetitu yaadatama, Jaagamaa jechuun "Muka guddaa" jechuudha. "Badhaanee" jechuun ammoo "Arganne, nuuf kenname" jechuudha. Adoolessa 16, bara 1976 dha. Ijaa fi qalbiin maatii warra carra qabeessaa sun, hillima yaadan rarraatee, ciniinsuu fi miixuu gam lameetiin godaanan. Hunduu akka ayyaana isaatti .... , samii ilaalaa yaadan yeelala. Kadhannaa dha. Kan keessa isaatti osoo gumgumu, sagaleen qilleensan jalaa fuudhamee rabsamus danuudha. Sanyiin isaanii walitti dabalamee .... , mucaa dhiigni isaa gootummaan abuurame tokko oofkalan, Jaagamaa tu dhalate. Haala kanaan dirree kanarratti, yeroo garagaraatti .... , yeedaloo jireenyaa yeelalaa .... , miixatanii, ilmaan dhiiraa Ja'a, Dajanee Badhaanee, Hayiluu Badhaanee, . Olumaa Badhaanee, Warquu Badhaanee, Bokonaa Badhaanee, Jaagamaa Badhaanee fi Shamara Lama, Jifaaree Badhaanee fi Baqqaluu Badhaanee wal duraa duubaan qubsiisan . . Obbo Badhaanee Bashaa fi haadha gootaa, aadde Kabbabuush Xuurii ti. Lafatu eebbifamtuudha. Dachee jiidhaa, godina Shawaa Lixaa, aanaa Amboo, ganda Qulliitii fi Birbirsaati. Gosa gootichaa, Salaalee (Kuyyuti Ammumaa) fi Amboodhaaf ilma· seenaa guddaa tokkotu dhoo'e. Amboo dachee gootaa san! Daa'imni xinnaan dhalate kun, umriidhuma daa'imummaa isaatti gara laafessa, taphataa fi dubbiin isaa kan nama maalalu ture. Jaagamaa Badhaanee Bashaa! Garuu kan naatoo ta'ee .... , fuula duraa hanga har'aa sabasaa kuulu .... , dhukkubbiin ilmaan Oromoo daa'imummaan keessatti dhalatee, waliin dhiphachaa turee osoo firii hin godhatin, osoo mutee sanyiisaa ija sabasaaf hin hirin, osoo galaanni isaa yaa'ee dhaloota isaaf wabii hin ta'in, osoo maatii horatee fakkaattiisaa ijaan hin argin, ulfa Oromummaa ciniinsuun baatee umrii ija dargaggummaa sirriitti osoo hin guutiin Oromoof ibsaa ta'ee, ofii haqee, galaa seenaa dhiisee ofi.isaa karaa qabatetu seexaa fi xiiqii ta'ee fuuldura sabasaa daaddisa. Abbaan Jaagamaa obbo Badhaaneen akka carraa ta'ee, harka masaanuu isaatti guddate. Carraa barnootaas dhabe. Kennaa uumamaan qabu, irratti osoo barnoota dabalatee nama jijjiirrama biyyattiif wabii ta'an, ta'uu gochaan isaa ibsuu, maanguddoonni ni dubbatu. Haa ta'u malee, sababa abbaa fi haadha isaa hin beekneen harka masaanuutti guddatee dhiibbaan barnoota dhabuu irratti taasifamee barnoota dhabe. Kanaaf jecha xiiqii qabatanii "Ani yoon hin baratin hafe, ijoolleen koo baratanii haaloo kana bahuu . qab1&"! jedhee ciniinnatee ofii loon keessa ijaajaa ijoollee isaa barsiifate. "Ijoollee koo deemaa sokkaa baradhaa! lammii baratetu ofirra darbee biyya jijjiira akka kootti jaamtanii hin hafinaa" jechaa ture. Jaagamaanis carraa kana argachuun loon tiksuu · dhiisee, yeroo umriinsaa barnootaf gahu, ganda Qulliitii fi Birbirsaa dhiisee obboleessa isaa Hayiluu Badhaanee waliin gara magaalaa · Amboo qajeele. Bara 1987, Mana Barnootaa Amboo Sad. lffaa /Carii/ jedhamutti kutaa lffaa barachuu eegale Obboleessi Jaagamaa obbo Hayiluun "Obboleessa koo barsiifadhee .... dukkana keessaa baasee, 'ifa barii itti agarsiisee....... akka ofii fi biyyasaa tajaajiluuf, adaraa abbaa koo galmaan gaha jedhee, abbaa koorraa fuudhee . gaafa kun hunduu jimma jimmiite ..... ta'ee, obboleessa koo osoo hin deebisin hafu, adaraa abbaa koo osoo galmaan hin ga'in nyaadhee hafu, abjuu natti fakkaata" jedhee imimmaan ija guutee, qilleensi sombaa bahu. kokkeetti rakkatee hudhamaa dubbata. manneen hidhaa garagaraa keessatti dararamaa tureera. Dabni Oromoorratti ta'u isa guba, ni waxala. Hin jaallatu. Argees hin callisu. Osoo hin fedhinillee aariin keessa isaatti bubbisee waxalama. Garuu wayyaaneen waa'eedhuma inni dhiibbamuu sabasaaf gubatuuf qofa, "Ati ABO dha; ABO hin beektuu?, ABO waliin marii qabda" jecliu!-m Maa'ikalaawwiitti mankaraarsaa turan. ABO yeroo kana akka shororkeessaatti ilaalu waan ta'eef. Yoo har'a guyyaan itti lixxee, abbaan biyyaa argamee, akka Jaagamaan jedhe iddoo lixan dhabanii ija jabinaan of jajjabeessan. Of jajjabeessuun warra gaddaa warra

gammachuu caala jedhama mitiiree. Obbo Hayiluun bara 2008 Baatii Sadiif Maa'ikalaawwitti yeroo obbo Baqqalaa Garbaa waliin turan, hanga arge obbo Baqqalaa baay'ee ajaa'ibsiifata. Baay'ees jaallata. "Obbo Baqqalaan baay'ee si dhaggeeffata; xinnoo dubbata; baay'ee beekaa; waa'ee biyyasaa baay'ee kan yaaduudha"Jedhee dinqisiifata. Jaagamaan barnootasaatti baay'ee cimaa ture. Barattoota hedduuf fakkeenya ta'aa hanga kutaa saddeettaffaatti manuma barumsaa kanatti barate. Yeroo kanatti diinni isaa guddaan kanneen mirga eenyummaa saba Oromoo gad qaban, mootummaa wayyaanee irra keessi dimookiraasii keessisaa bineensa nyaataa ta'ee ... , dhaloota qulqulluu hidhaa fi ajjeesaa, beektota fi hayyoota biyyaa baasaa, kaan Qaallittii fi Maa'ikalaawwitti dararuu fi fixu ture. i Dabalataanis gargaaraa wayyaanee kan ture OPDO n yeroo wayyaaneen kuusaa ilmaan Oromoo Qaallittii fi Maa'.ikalawwiitti tolfatee lammiilee itti qaaccessaa, kaan miila kutaa, kaan gurra duuchaa, kaan kolaasaa, kaan gubaa, kaan ajjeesaa kan tureedha. Jaaganiaa fi warri kun walii diina turan. Dhangaa walii wal jalaa nyaatanii miti. Mirga sabasaaf qofa waan falmatuuf jibbame. Umrii isaa daa'imummaa kanatti bilchinni inni qabu, dubbiin inni dubbatu, hojiin inni hojjatu akka waan uumamni eebbisee irratti cobseeti malee, kennaa guyyaati hin jedhamu. Gochaan isaa hundi iccitiidha. Barataa Oromoo goota, gara kuteessa fi gamna barattoota kaaniif fakkeenya ta'aa tureedha. Sochii barattoota Shawaa Lixaatti dursa taasifame keessatti adda durummaan kan barattoota qindeessaa turee fi kan sabboonummaa Oromoo barattoota keessatti dagaagsaa ture Jaagamaadha. Yeroo kutaa 7ffaa baratu illee mandhee dhoksaa barattootatti ijaaramee kan qindeessaa ture ta'uu isaa hiriyootni isaa har'a hirqinfachaa dubbatu. Jaagamaan beekaa, kan dubbatee nama hin mufachiisnee fi kan namoota hedduu biratti jaallatamuudha. Kana irraa ka'uun barattootni Oromoo naannoo Amboo akka motora sochii isaanitti isa ilaalu. Waan kamuu yoo ta'e, waan kamuu yoo dubbatame, waan kamuu yoo mari'atame,. eenyumtuu murteessuu fi dubbachuun dura "Jaagamaan maal jedhe ..... ?" jedhu turan. Qabsaa'ota Oromoo ciccimoo · garagaraa waliinis wal qunnamee milkaa'ina isaanii· aanjessuuf hojiiwwan garagaraa hojjachaa kan turee fi waa'ee ilmaan Oromoo kanaaf yaaddoo qabullee waliin mari'achaa tureera. Akka obboleessi isaa hangafaa himutti raadiyoodhumtillee waa'ee wayyaanee yoo dubbatu, mana dhiisee ba'a; yookiin "Narraa cufaa" jedha ture jedhu. Hidhataadhuma wayyaanee yookiin humna waraanaa isaaniis karaarratti yoo arge, aariin guutamee onneen isaa ho'ee, hafuura dhahataa ture. Kunis sababuma haqa saba Oromoo osoo agartu daaraa itti dibdee ajaja wayyaanee fudhattee lammii nagaa rasaasaan duguugaa turteef qofa ture. Kanaaf dafee fuula irraa garagalfata jedhan. Yeroo baay'ee jecha saayinsistootaa fayyadama. Akkuma abbaasaa lammii baratu baay'ee kan jaallatuu fi akka barataniif baay'ee kan jajjabeessu ture.

Keessaayyuu daa'imman xixiqqoo barattu karaarrattis yoo arge, "Ijoolle jabaadhaa baradhaa , daa'imni waraqaa adiidha jedhu saayinsistootni, sammuu keessanitti yeroon fayyadamaa" jedhee jajjabeessee bira darbaa ture. Barnoota Isaattis baay'ee cimaa kan turee fi gosa barnootaa kamuu qabxii dhibba keessaa yeroo kamuu dhibba guutuu fidaa kan tureedha. Haaluma kanaan itti fufee bara 1994 kutaa 8ffaa xumuree bara 1995 mana barumsaa Amboo Sad. 2ffaa fi qophaa'inaa gale. Barattoota fi barsiisota isaa biratti baay'ee kan jaallatamu, barsiisaa caalaa barattootas kan barsiisuu fi barsiisaa caalaallee, bamootasaa barattootni akka jaallatan hiriyootni dareesaa yeroo san turan ni himu. Yeroo baay'ee guyyoota hedduu harkisaa boronqii qofa akka ta'es dubbatu. Barsiisota Jaagamaa barsiisan keessaa barsiistuun tokko ijaan hin agartu turte. Barsiistuu kana yeroo hunda kan M/B geessu intalashee baay'ee bareedduu kan taateedha. Barsiistuun kun cimina .Iaagamaa kana yeroo hunda dhageessi. Baay'ee jaallattis Guyyaa tokko akkuma daree seenteen sagalee ol kaastee akkas jetteen, "Aantee Jaagamaa gurraahin samichaaloow; taamiraallee aaluu, waa lijeen bicha" jechuun barattoota kolfa lafarra gangakhite. Dubbiin ishee icdtiidha. "Bamootasaatti baay'ee cimuurra darbee barreeffamni harkasaa illee bareedinni isaa adda" jedha hiriyaansaa dhiyeenyaa Shuumii Dandanaa. Dubbatee nama amansiisa.

Bareedinni fuulasaa fi dubbiin inni dubbatu walirraa simboo addaa kenneef. Jechootni inni dubbatu uumamumaan akka miidhagu ta'e. Jaagamaan . duraan daree isaa itti baratu keessaa sad. lffaa gad lakkisee hin beeku ture. Haa ta'u malee, bara 1995 kana barattootni dareesaa shamarran lama; Rooman Dinquu fi Helen Taaddasaa kan jedhaman Lffaa fi 2ffaa bahanii Jaagamaan 3ffaa bahuuf dirqame. Yeroo kanatti "Akkamiin sad. lffaa bahuu · dide?" jechuun baay'ee aaruun "Bara kana baruumsa hin baradhu; bara dhufu cimee dubbiseen sad. lffaa baha" jechuun xiiqii qabatee baruumsasaa addaan kute. Kun barumsasaatti hangam cimaa akka ta'ee fi hangam akka jaallatu agarsiisa. Bara 1996 ammas, kutaa 9ffaa tti deebi'e. Yeroo kana hiriyaa isaa qabsoon dcdmoo ta'an Shuumii Dandanaa fa'i waliin wal baruuf carraa argate. Barri kun Amboo guutuuf bara qabsoo ture. Barattootni kunneen bara kana qabsoo gaaffii ilmaan Oromoof adda duree turan. Keessumattuu Jaagamaan Barattoota sochoosuun "Hanga gaaffiin keenya nuuf deebi'utti, hanga miidhamni Oromoo dhaabbatutti, hanga wanti dhabne nuuf galutti hin barannu" jechuun sagalee guddistuun lallabaa barattootaf warraaqsa ta'aa ture. Carraa argate kamirrattuu immoo waa'ee faalama qilleensa Oromiyaa osoo hin kaasin hin darbu. Guyyaa tokko walgahii M/B Sad. 2ffaa tti hawaasni bal'aan walitti qabame irratti "Erguma jarri kun dhuftee .... qilleensi Oromiyaa illee faalamee, biyyi keenya gammoojjii ta'aa deemte. Isaan garuu kan yaadan akkaataa' aangoo isaanii itti tursiifatanii fi siyaasa isaanii itti bareeffataniidha. Akka itti Oromoo hidhan, akka itti Oromoo ajjeesan, akka itti Oromoo luugama gidiraa keessa galfatan ture" jechuun yaaddoo dacheesaaf qabuu fi hojii wayyaanee ifatti dubbate .. Waa'een biyyasaa hirriiba kan dhoorku Jaagamaan yeroo bosonni Baalee gubatu ammoo, turtii yeroo muraasaaf namallee dubbisuu didee, nyaata lagatee qofaasaa calleensan guutamee, yaadan gumgumaa, gubachaa, gadda cimaa gaddaa akka turetu himama. "Yaa biyya koo ni gubatte, si gubanii gammoojjiin nu furu" jechaa baay'ee gadduusaa obbo Hayiluun ni dubbatu. 1989 irraa eegalee bitamtoota fi jala kaattota OPDO yeroo sanaan waa'een Jaagamaa basaasamaa kan ture, jarreen ciisa dhoorke. Haaluma kanaan sababa ''Alaabaa si'achuu" jedhuun namoota 11 waliin Guraandhala 1996 himatni irratti baname. Jaagamaan himatamaa lakkoofsa lffaa ta'ee himatamuun karchallee Amboo gale. OPDO n mana barumsaa irraa waggaa 2 (lamaaf) adabaman. Akka bishaan Haroo irra isaa ilaalaa, keessa ofi.itti iccitii inni baatee adeemuuf jecha_ guutuu isaan hin liqimfamne, keessa ofi.itti guggubatus, qabsoo Oromoof ta'uun isaa ammoo isa gammachiisaa gaabbii tokko malee, abdii fuula isaa dura jirutti imaanaa dhaammatee adabbichas fudhate. Hiriyootni isaa kanneen akka Shuumii Dandanaa fa'is adda duree turan. Yeroo mana hidhaa turan kanattis mana hidhaa keessa taa'anii qabsoo adda addaaf haala mijeessaa turan. Jaagamaan uumamumaan 'kennaa dandeettii waa bocuun miidhagsuu qaba ture. Mana hidhaa kana keessatti Shuumii waliin Kaartaa Oromiyaa mukarraa bocanii tolfatanii turan. Kaartaan kun Walloos dabalattee yeroo ilaaltu gam tokkoon shugguxii fakkaatti turte. Gamtokkoon yoo ilaaltu ammoo Kaartaa Oromiyaati. Kaartaa kana mormarratti fannifatu ture. Boca kaartaa Jaagamaa kanarras barreeffamni jiru akkas, (OY, H 3 B) jedha ture. Hiikni isaas; 0= Oromiyaan Y = Yoomiyyuu · H 3 = Harka, Halagaatti, Hin B= Bultu Kan jedhu ture. Baatii 6 f Karchallee Amboo turanii, mirgi wabummaa eegamuunif Caamsaa keessa wabiin bahan. Haa ta'u malee, yeroo bahanitti, bamootni jala darbee carraan barnoota bara kanaa jalaa gubate. Isaanis ittuma dhiisanii bara itti aanuuf of qopheessan. Bara bofti nama hidde lootuun nama se'atti jedhu mitiiree. Bara 1997 Fulbaana yeroo barumsatti deebi'uuf dhaqan ..... , rakkoo adda addaa uumtanii jirtu, jeequmsa keessatti hirmaattanii jirtu jechuun murtee fi ajaja

OPDO n mana barumsaa irraa waggaa 2 (lamaaf) adabaman. Akka bishaan Haroo irra isaa ilaalaa, keessa ofi.itti iccitii inni baatee adeemuuf jecha_ guutuu isaan hin liqimfamne, keessa ofi.itti guggubatus, qabsoo Oromoof ta'uun isaa ammoo isa gammachiisaa gaabbii tokko malee, abdii fuula isaa dura jirutti imaanaa dhaammatee adabbichas fudhate. Hiriyootni isaa kanneen akka Shuumii Dandanaa fa'is adda

duree turan. Yeroo mana hidhaa turan kanattis mana hidhaa keessa taa'anii qabsoo adda addaaf haala mijeessaa turan. Jaagamaan uumamumaan 'kennaa dandeettii waa bocuun miidhagsuu qaba ture. Mana hidhaa kana keessatti Shuumii waliin Kaartaa Oromiyaa mukarraa bocanii tolfatanii turan. Kaartaan kun Walloos dabalattee yeroo ilaaltu gam tokkoon shugguxii fakkaatti turte. Gamtokkoon yoo ilaaltu ammoo Kaartaa Oromiyaati. Kaartaa kana mormarratti fannifatu ture. Boca kaartaa Jaagamaa kanarras barreeffamni jiru akkas, (OY, H 3 B) jedha ture. Hiikni isaas; 0= Oromiyaan Y = Yoomiyyuu · H 3 = Harka, Halagaatti, Hin B= Bultu Kan jedhu ture. Baatii 6 f Karchallee Amboo turanii, mirgi wabummaa eegamuunif Caamsaa keessa wabiin bahan. Haa ta'u malee, yeroo bahanitti, bamootni jala darbee carraan barnoota bara kanaa jalaa gubate. Isaanis ittuma dhiisanii bara itti aanuuf of qopheessan. Bara bofti nama hidde lootuun nama se'atti jedhu mitiiree. Bara 1997 Fulbaana yeroo barumsatti deebi'uuf dhaqan ..... , rakkoo adda addaa uumtanii jirtu, jeequmsa keessatti hirmaattanii jirtu jechuun murtee fi ajaja © Kana booda, Jaagamaa sammuusaa akka tasgabbeessuu fi hojjatee akka qarshii argatu, akka itti hin dhagahamne isa gargaaruuf jecha, qabsaa'aan yeroo baay'ee hidhame, abbaan mana suuraa Tsiyoon obbo Masfiin Fufaa mana suuraasaatti qacare. Jaagamaanis bara kana qabsoo ummata Oromoo cinaatti mana suuraa Tsiyoon magaalaa Ambootti argamu keessa hojjachaa ture: Ofiisaatifis kennaa addaa, bocaawwan adda addaa dandeettii bocuu qaba. Ijumaan ilaalees fakkii namootaa kaasee lafa kaa'aa ture. Bara bamootasaanii irraa adabamanii lafa ba'an 1997 kana, dargaggootaadda addaa waliin wal gurmeessanii hojii keenya jedhanii qabsootti bobba'an. Paartii KFO jalatti gurmaa'anii mandhee dhaabbatan. Warquu Fayyeeraa Itti gaafatamaa, Daawwit Urgaa barreessaa, Shuumii Dandanaa Itti aanaa turan. Jaagamaan ijaarsa fi dadammaqiinsarra ture. Uummatatti bahanii, waltajjii gurguddaa walitti qabuun "Yaa uummata Oromoo! nuti dhumneerra. Waan baay'ee tu sin hanqata, Bulchiinsa isiniif ta'u fi.ladhaa. Bilisummaa sin barbaachisa. Saamamtanii jirtu. Waan hedduutu sin hanqata. Karaan kana ittiin guuttattan ammoo qabsoo qofaadha" jechuun hawaasa Amboo dammaqsaa turan. Hiriyoota dcdmoo kanneen akka ilmaan sadan Beeka.a: Abdii Beekaa, Waayyuu Beekaa, Girmaa Beeka.a, Qana'aa Chuuchee, Simmany Dayyaasaa, Imnat Hayiluu, Boontuu Shuggii, Roobee fi kkf danuu waliin bara kana qabsoo cimaa taasisuun ittis milkaa'anii jiru.

Sochii dargaggootni qabsaa'otni kunneen taasisaniin bara 1997 kana filannoo tureen KFO n godina Shawaa Lixaa aanaalee hedduurratti moo'achuudhaan namootni baay'eenis paarlaamaa galuu danda'aniiru. I: ' !·•·1··t.· .. ,,.· ; ',.·':-,' ·} i '[. f , I ·, ,J Jaagamaan bara 1997 barnoota malee ba'e kana sochiilee hangana hin jedhamne taasisaa ture. Dadammaqinaa fi kallattii qabsoo Oromoota Shawaa Lixaa keessatti hojiilee gurguddaa hojjateera. Wayyaanee fi OPDO magaalaattii gochi isaa kun, baay'ee aarse. Sababa kanaaf jecha "Jaagamaan bara 1998 tis yoo lafa ba'e sochii cimaa taasisa. Nuuf hin tolu" jechuun mari'atanii barumsasaa waggaa 2 adaban dhiisanii 1998 akka M/B tti deebi'u taasisan. Kun garuu isaaf yaadanii hin turre. Mana baruumsaa fi iddoo deemu hundattis akka hordofamuuf xiyyeeffannoo guddaa itti kennanii hordofaa turan. Ooltee fi bulteesaa , jechaa fi gochasaa dhiyeenyaan jala bu'anii hordoffii cimsan. Bara 1998 kana duula fincila diddaa gabrummaa Oromoo jedhuun qabsoo cimaan finiinamee ture. Duula kana Oromiyaa guutuutti . taasisuuf qindeessaan isaa leencicha barataa Amboo Jaagamaa ture. Biyyoota alaa fi keessaa Oromoota dariuun qindeessanii Jaagamaa fi Shuumiin abbaltii fudhachuun M/B keessatti qooda gudclaa taphatanii jiru. Waldaa Warraaqsa Bilisummaa Dargaggoo Oromoo (WBDO) ijaaruunis achi keessatti iccitii isaanii danuu ittiin kuulanii jiru. Shuumii Oandanaa aanaa Liiban Jaawwii ganda Tokkee · Kombokhaattl dhalate. Hiriyaa Jaagamaa sadarkaa duraati. Qabsoo Oromoo keessatti mana hidhaa mana jireenya isaa godhate. Yeroo 21 mana hidhaatii bahee yeroo 21 mana hidhaatti deebi'e. Bara 1996 . osoo Jaagarnaa fa'i waliin gara karchallee Ambootti hin dhufin dura waajjira poolisii magaalaa Gudaritti hidhamee ture. Poolisootni achi jiranis, iccitii ABO

waliin qaba. Nuti amansiisuu hin dandeenye. Isin amansiisaa jedhanii Kaampii waraanaa iddoo Ajoo jedhamutti dabarsan. Kaampii kanattis warroota ergama ABO adda dureen bahan jedhanii shakkan sadii "Sin awwaallaa boolla qotadhaa" jedhanii dirqisiisan. Namoota sadan isaanii ciibsanii boolla isaan gahu dalga M 4, asii gadee M 7 safaranii qotaa jedhaniin. Isaanis osuma ijaan argan reebichi waan itti hammaateef guyyaa 3 tti qotanii fixan. Yericha boolla kana qotan Shuumiin fa'i nu sobu namni itti hin awwaallamu abdiin jedhu keessa Isaanii jira ture. Jarris kan jedhan dhiisanii boollicha hojii biroof oolchan. Boodarra garuu maatii jalaa dhoksanii fuudhan waan ta'eef, barbaachi maatii isaanii hammaachaa dhufe'. Olbaanaa Leellisaa qabsaa'ichi Oromoo barbaacha isaaniif kaampii kana taa'ii fi ka'ii dhoorke. Olbaanaas carraansaa boodarra gahamee achuma mana hidhaa galuu ture. Ofii hidhamus qabsaa'ota Oromoo sadan boolla ofii qotatanitti akka hin awwaallamne oolcheera. Shuumiin dararaa adda addaa fi reebicha guddaa argeera. Reebicha lakkoofsa 8 jedhamus reebamee jira. Fannifamees fannoo irratti qaama saalaa fi afaan isaa wadaroo (funyoon) hidhuun qeensa irraa buqqisaa turaniiru. Jaagamaa waliin ammoo iccitii qabsoo daakanii turan. Bara 1997 bara filannoo sobaa, bara qanqalloo wayyaaneen hatte Jaagamaan haqaaf falminaan baay'ees dararaa turan. Filachuuf osoo hin taane jeequuf dhufe jedhanii akka hin filanne mirga filannoos irraa mulqan. Dhiibbaa hedduus irraan gahaa turan. Hiriyootni isaa yoo himan jechi Jaagamaan yeroo · san dubbatu, "Oromoon abbaa biyyaa ta'uu qaba. Oromoon bobaa ormaa jala galuu hin qabu. Bobaa ofii jalatti bulchuu qaba malee. Oromoon dur sirna Gadaan bulaa ture. Nuti Gadaa qabna. Odaa gaaddisa qabna. Kan nu miidhe Wayyaanee miti; OPDO dha. Wayyaaneen yoo nu fi.xxu OPDO n gargaaranii nurratti dhiisan. Seenaan ilmaan Oromoo akka jijjiirramu beeka. Garuu sodaa koo guddaan gaaficha warri Oromoo miidhanilfi nyaatan eessuma furu laata?" jedhee ifaa ifatti yaada garaasaa keessa jiru ibsataa ture gootichi umrii dargaggummaan dhugaa har'aa abjoote. Guyyaa tokko warri yerichaa, waajjira nageenyaatti yaamuun akkas jedhaniin "Ati maaliif nun dhiistu?, Gochaa hojjachaa jirtu kanas maaf hin dhiisne?, Ati nu dhiisuu didde mitii?" jennaanin, Jaagamaanis sodaa tokko malee "Isinuu qalbii jijjiirradhaa. Kana caalaa kam akkan sin dhiisu feetan?, Isin dhiisuun lamaa? Waan garaan keessan fedhu raawwattan. Na hiitan; na reebdan; kana caalaa maal akkan sin dhiisu feetu? Ani umrii daa'imummaa kootti qalbii koo kan hawwatan waan lama turan. Isaanis, Oromo Liberation Front fi OPDO dha. Amma garuu isin diina kooti. Saba koo ajjeestan. Kanaaf amma OLF tu miira koo weeraree jira." jedhee tuffii isaaniif' qabu itti agarsiise. Achii poolisichi itti dubbachaa jiru deebisee, aariin.... "Hin dhiistu jechuudhaa? Egaa siif salphaadha. Rasaasa tokkotu si gaha" jechuun itti dhaadate. Jaagamaanis deebisee "Rakkoo hin qabu, tokkuma yaa ta'u. Rasaasa soddoma naaf hin godhinaa malee" jedhee iddoo inni taa'ee jirutti dhiisee biraa bahee sokke. Egaa guyyaa eeggatanii guyyaan fafaa, guyyaan hir'uun, guyyaan abaarsaa, guyyaan dhiiga gootaa yoo dhugde malee hin boqonne geessee Jaagamaa gooticha dargaggeessa barataa Oromoo kennuuf dhufte. Maal qaba osoo guyyaan sun hin dhalanne ta'ee yookiin Jaagamaan manaa hin baane ta'ee jedhaniis hidhii xuxxuuxuun ummata Amboos garaa booressaa ture. © Onkololeessa 30,1998, guyyaa keessaa sa'aatii 6:00. Mana barumsaa Amboo Sad.2ffaa irratti barattootni osoo daree jiran duuban dhagaan darbatame, Barattootni muraasni ammoo bahanii jiru. Barsiisaan Shuumii fa'i barsiisu dareedhaa dafee bahuu dideera. Duulli fincila diddaa gabrummaa kun har'a sa'aatii kana eegala ture. Jaagamaan Abbabach Laggasaatiin "Shuumiin hoo jedhe?" Shuumiin daree jira ture. Kanumaan barattootni wareeranii fooricaa, .iyyaa ba'an. Jaagamaanis guyyaa barattoota barsiisaa oolee harka isaa daaraa boronqii uffateen barattootuma waliin bahe. Karra. M/B fuuldura yoo gahan, poolisiin tokko qawwee laphee isaa irratti fannifatee dhaabbata ture. Jaagamaa yoo argu, "Jaagamaa aanta nawu? Quuml" Jedheen. Jaagamaanis, "Eeyyee anuma; maalan balleesse?" jedhee dabtara isaa lapheerratti qabatee dhaabbate. Kana booda poolisichi callisee rasaasa mormasaatti dhukaasee, kuffise. Yeroo kana hiriyaa Jaagamaa kan

ta'e Kabbadaa Badhaasee "Maaloo maali biyyi akkanaa; dhaabbadhu jennaan innoo dhaabbatee maal balleesse jarana ?" Jedhee reeffa isaa kaasuuf yoo itti fiigu, poolisichi Kabbadaa Badhaasees itti dhukaasee barattoota Oromoo qabsaa'ota lafaa dhufaa lama wal biratti kuffise. lmimmaan miti, gubaa miti .... , godaannisa guddaa tokkotu madaa madaan xaxame dabalate. Gara hammeenyi wayyaaneen ilmaan Oromoof qabdu akka baala ibichaa kan hadhaa'u, seenaaf seenaan sa gaafatu jennee handaara daakne. Ajjeechaan guyyaa kana ta'e ~tti yaaddameetuma ture. Warra bara 1996 mana hidhaa ture, bara 1997 ammoo baruumsa irraa adabamee mana bahe keessaa, nama lama kan jedhu ture. Kabbadaa Badhaasee reeffa olkaasuu dhaqnaani fi Amboo guutuun qabsaa'aa akka ta'e waan beekaniif sanyii balleessuuf ture malee ajjeechaan garuu Jaagamaa fi Shuumiif dhufte turte. Kabbadaa Badhaasee godinuma Shawaa Lixaa, Xuqurincinniitti kan dhalate yoo ta'u, barataa adda duree, tasgabbaa'aa, of dursee namaaf baay'ee kan quuqamu, dabni haqa eenyummaa sabasaarratti raawwatu yaaddoon waxalaa, garaa booressaa, aadee gumgumaa jiraachaa akka ture hiriyootni isaa yerichaa ni himu. Kabbadaan dhumni lama hin jirtu, yoo jiraanne waliin, yoo duune waliin, waliin du'uun lafee walii wal utubsuudha jedhee barataa sanyii gootaa Jaagamaa waliin wal boraafatanii ciisaniidha. Barsiisaa tokkorraa baratanii, leemman tokkorraa waliin nyaatanii waliinis , iccitii dhoksaa isa lubbu qabeeyyiin kamuu akka hin dhageenye fedhan waliin fudhatanii sokkan. Ofiif du'anii biyya isaanii dhiigan shira irraa haqan. Barattoota Oromoo! Biyyoon sinitti yaa salphattu.

Ummatni Amboo goototni gara kuteeyyiin, warri tokkummaa ba'anii deebi'anii manatti galuu didan. Aadanii baroodan. Gubatanii ciranii of fixan. Dhukkubsatanii lafa haadhanii gadoodan. Du'a ilmaan isaanii lamaanif daandii qabsoo qabatanii imalan. Ta'us, wayyaaneen waraana isaa baay'ifatee kaan reebuudhaan, kaan mana hidhaatti guuruudhaan dhaadannoo ofii cimsatee gidirsuu itti fufe. Namoota mana hidhaatti guuraniinis ''.Jeneraala keessan gombifnee maal gooturee? Marii keessan ajjeesnee maal fidduree? Amma booda tokkoon tokkoon keessan nu jalaa hin baatan" jechuun itti dhaadachaa turan. Eeyyee Oromoon jeneraalota hedduu qaba sirriidha. Tokko ajjeesanis kuma ta'eetu dhalata. ® Karri M/B Amboo Sad. 2ffaa gootota Oromoo lama ofirratti galaafachiistes, carra dhabeettii taatee, dhiiga ilmaan Oromoorra akka hin deemamneef cufamte. Yeroo ammaa magaalaa Amboo yoo seenan gara harka Mirgaatti Asfaaltii cinaa, karra M/B Sad. 2ffaa gubbaa iddoo Jaagamaan itti du'e Odaafi Kaartaa Oromiyaa armaan gadiitu argama. Jaagamaa Badhaanee erga boqoteen booda hiriyootni isaa Massalaa Caalaa, Farajaa Kuburee, Biiniyaam Baqqalaa fi kkf. jaalala isaaf qabanirra darbee eenyummaan Jaagamaa isaan keessa jiru yoomuu dagatamuu akka hin dandeenye yoo himanii fi dhugaan dhiigasaa baasuuf bahaa turan daran galateeffachiise. Kabbadaan Badhaasee kanarras darbee lubbuu ofii dabarsee kenneef. Kun tokkummaa ummata Amboof ragaa guddaadha. Akkasumas kan gootota dirree Abeebee Qeerransaa obbo Zawugaa Booji'aa fi obbo Mul'ataa Badhaanee bara dargii keessa ture tokkummaa Amboo ibsuuf dargaggoota lamaan kanaan haarome. (Seenaa Zawugaa) ilaalaa. Jaagamaa Badhaanee barataa Oromoo mirga sabasaaf falmaa turee Onkololeessa, 30, 1998 kabajaa sabasaaf qabuuf jecha hirriiba gala hin qabne rafe. Awwaala 'Protestant' kan naannoo Istaadiyoomii magaalaa Amboo jirutti sirni awwaalcha isaa raawwatame.

Oromoon baroota hedduuf hacuuccaa isarratti taasifamaa ture jibbee, barri ni dhufa barri ni darba jabaadhu abdii hin kutin abdii kutuun hin geenye .... imaltuu hin galle ta'i jechaa .... qaanqee hadhaaf dhufe mi'aadha jedhee osoo beeku qaqqaammachaa barootaa barootatti, akka ija duumecha roobuuf jedhee sobu samii keessa ol eegduu ol eegaa lee'aa ture. Ta'us bara Qeerroo, bara ilmaan Abbaa Gadaa, akka waansaa abjuu, akka gugee balali'ee dhufee waa qubate. Kana eenyumtuu hin amanne. Dhugumas abjuu fakkaata. Baay'een namootaa har'atti ta'a jedhanii hin eegne. Yookii 'jenereeshinii' dhufu, ilmaan

ilmaan keenyaatuu kana ijaan arga malee nuti arguun abjuudha jechaa keessa isaatti of dudubbisaa turan. Waaqni Oromootaa jabana hedduuf gidirfamaa turee dhagaheet, barabaraan hidhii xuuxuu san hambiseetu ilmaan Abbaa Gadaan hidhamaa isaa hidhaa baasifate. Kunis tokko, kuunis gaaf tokko jedhu .mitiiree? Egaa kanaan xiinxalaan siyaasa addunyaa Jawaaris jijjiirrama dhufe keessatti utubaa handhuuraa ta'ee waan tureef dachee jijjiirramaa, dachee cincila foolii bilisummaa labsi tu kanan arga jedhee gara Oromiyaa qajeele. Biyya Ameerikaa yeroo jiru, ':Jaalala hawaasa Amboof qabuuf jecha miila duwwaan (kophee malee) Amboo keessa deema" akkuma jedhe waadicha guutuuf gaafa 30, 11, 2010 biyya seenee barii Ambootti qajeele. Wanti namatti dhagahamu, jijjiirramni kun dhufuu caalaattuu seenaa Ambo jiruudha. Ummatni Amboo godaannisa madda garbummaa fi quuqqaa sabboonummaa akkuma ummatni Oromoo kutaa biraa qabutti qaba. Garuu akkaataan isaa tokko miti. Ambo ABO n chaartararraa dhiibamee ba'uu duras wayyaanee jilbiibbiin oofee wareegama hedduu kaffalee, humna qawween ,laafe. Kanaaf sirbi "Amboo gara galgalaa" jedhu ragaadha. Hundaa ol mallattoo yaadannoo isaa kan akka wayyaaneetti ciniinnatee ci~hoominaan mormu isa dirqisiise keessaa du'a Jaagamaa Badhaanee fi Daraaraa Kafaniiti. Guyyaa kana gaafa Amboon Jawaar simatte, Jawaar "Dhiiga Jaagamaarra kopheen hin deemu" jedhee miila duwwaa deemuu achii eegaluun isaa, madaa ummata Amboo hooqee, kan akka Haacaaluu Hundeessaa hiriyaasaa imimmaan dhiigaa booreen guutame akka boo'u dirqamsiise. Imimmaan nama hin galchuuf malee ummatni Amboo lubbuun hedduun itti wareegamtus duuti Jaagamaa adda waan ta'eef dhiiga fi lafeen deeffachuu filata ture. Hundaafuu akka dhiitetti hin haftu. Biqiltuun Odaa Jawaar guyyaa kana iddoo Jaagamaan itti wareegametti dhaabe, Haacaaluu fi ummata Amboo imimmaan fixachiise kunis guddatee firiisaa san akka godhatu abdiidha . Haacaaluun gooticha aartistii beekamaa .... , dacheen Amboo Oromoodhaaflaatteedha. MagaalaaAmbootti dhalatee guddate. Erga of baree kaasee dararaafi cunqursaa ilmaan Oromoorra gahaa ture, ijjisaa arguu hin fedhu. Ilmaan Oromoof jedhee Karchallee Ambootti hidhamee, ittis reebamee jira. Mirga ilmaan Oromoorraa mulqamee lee'amaa kan as ga'e keessatti guyyaa tokko boqonnaa osoo hin argatin kan bowwaafataa ture daandii shira xaxxootaaf karaa laachuu tasuma hin barbaadu ture. Boodarras weelluu adda addaatiin dararaafi garbummaa ilmaan Oromoorra ture ofirraa qolachuuf dirree weelluutti seene. Keessaayyuu sirbi isaa gaafa Galma Barkumee Finfinneetti, mata duree "Lammiin Lammiif" jedhuun ummatni Oromoo miliyoonan lakkaawamuufi sabootni biroo walitti qabaman "Kiiloo 4 galaa maaf teessu, Farda kee soori, Eeboofi Gaachana kee qabadhu ... " jechuun geerare raaga ykn akeeka jijjiirrama turee ta'eetu seeneffama. Haacaaluun nama garaa laafessaafi lammiisaaf quuqamu, ofii beela'ee beela'aa nyaachisu, ofii dheebotee dheebotaa obaasu, hayyuu. ilma Abbaa Gadaa gooticha sodaa hin qabne dacheen Oromiyaa Oromoof biqilchiteedha. Seenaa Haacaaluu kutaa 2ffaa keessatti eegaa. Leencicha Barkumee Guyyaa simannaa kana Jawaar ummata Amboof haasawa akka taasisu yeroo affeerametti, dubbii isaa dursa quuqama-sabasaaf qabu ibsuuf, qabsaa'aa yeroo dheeraaf mana hidhaa ture Olbaanaa Leellisaa ergaa akka dabarfatu kabajaan waltajjii irratti affeeree ture. Olbaanaa Leellisaa qabsaa'aa mirga warra cunqurfamtootaa kan ta'e, umrii hidhaa dheeraaniis saba Oromoof seenaa qaba. Keessumattuu kan yaadatamu obbo Baqqalaa Garbaa fa'i.. ... waliin mana hidhaa tokko turanii, obbo Baqqalaan biraa ba'ee yeroo itti aanus shira xaxxootaan yeroo mana hidhaatti deebi'u Olbaanaa Leellisaa achuma jiraachuu isaati. Dabni dhaloota ilmaan Oromoo irratti raawwatamaa ture madaa yoo xuxxuqan godaannisa ta'us, biiftuun ifa bilisummaaf miila saaqxe dhalootaf galaa, wareegamtootaaf yaadannoo taatee akka milkiin lixxu abdii qabna. Olbaanaanis ummata Amboof haasawa yoo taasisu akkas jedhe "Gaafa waggaa 24 har'aa abbaa keenya karrasaa fuulduratti ajjeesan akkas jedhan 'Amboo mataa gad cabsinaa' jedhan. Gaafuma san Amboon ba'eet nu'ii fi isin keessaa abbaa mataa cabu ilaalla jedheet garagale. Abbaa cabes itti agarsiise. Keessattuu

immoo har'a gammachuu guddaatu nutti dhagahama. Qeerroo Arnboo, gaafa obboleessa keenya Jaagamaa Badhaanee mana barumsaa fuulduratti ajjeesan haamilee barattoota Oromoo cabsina jedhaniiti. Garuu haamileen barattoota keenyaa hin cabne. Kunoo seenaa fi seexaa ta'eetu karaa nuuf saaqe. Har'as jarri nurraa taa'aa hin jirtu. Nuti Oromoon warra jaalalaa fi nagaati. Shira keessanis, arraba keessanis nurraa sassaabbadhaa. Ta'uu baannaan Lammaan jira; Dr. Abiyyi jira; Jawaar jira; yoo humnaan dhuftes WBO n jira." Jedhee quuqama qabu dabarfatee, tokkummaa ummata Oromooti sodaa bineensota barichaas akka hin qabne ifatti itti agarsiise. Jaagamaa ajjeesuun isaaniis .... , haamilee barattoota Oromoo cabsuuf akka· ta'e ibse. Yeruma kana Jawaaris yeroo haasawa taasisu, jaalala Jaagamaa fi obbo Daraaraaf qabu yoo ibsu ''Amboo biyya Jaagamaa Badhaanee, Amboo biyya Daraaraa Kafanii, bagan keessan ta'e" yoo jedhu ummatni Amboo fi Qeerroon Amboo iyyee, fooricee, garmaamee mil'uu coba seenaa agarsiise. Jawaar ummataAmboof miidiyaan OMN oolee osoo hin bulin akka dhaabbatu yoo ibsus hawaasni Amboo baay'ee gammade. Akkasumas jaalalaa fi kabajaa ummata Amboof qabuuf jecha siidaan wareegamtoota gootota Oromoo waliigalaa Ambootti akka dhaabbatu yoo dubbatu ummata Amboof gammachuu daangaa hin qabnetu dabale. Siidaan kunis yoo ijaarame deebii artistii Daadhii Galaan "Gaaffiin qaba" jedhee qabsaa'ota yeroo kana, kana buuteen isaanii dhabame, Jaal Nadhii Gammadaa, Jaal Baqqalaa Dawwaanoo, Hayyuu Dabbasoo Guyyoo, Jaal Lammeessaa Boruu, Jaal Yooseef Bantii, Barsiisaa Kabbadaa Hurrisaa, Jaal Baroodaafi kkf fa'iif weellise keessatti, " .... kan bilisummaa sabasaaf jedhee ka'ee Biyyasaaf jedhee du'ee Irbaata biyyoo ta'ee Galata qabaa (2) Kaayyoo galmaan ga'ee Jaallan kufaniif Siidaa ijaarrannaa Kan jiru wal gaafannaa Isa du'e yaadannaa Walitti labsaa (2) Qeerroon ergaa qabnaa Garbummaa didee Meeqatu reebamee Karchalleetti dhaanamee Inni kuun wareegamee Nutti ya himamuu (2) Siidaan ijaaramee " Jedhee gaaffateef deebii deebisuunsaa galma ga'iinsadha. Jaagamaan ilmaan Oromoo keessa jira; ilmaan Oromoos Jaagamaa keessa jiru. Hiddi handhuuraa utubee sanyiif dhalootatti imale maddasaa dagatee adaraa gootaa hin nyaatu.